| Qajeelcha Poolisii Mineapolis<br>Maanuwaalii Imaammataafi Adeemsaa | Lakkoofsa:<br>8-300 |
|---|---|

**Jildii Saddeet – Ijoollee yakka dalagan – Imaammataafi Adeemsa**

**Adeemsa ijoollee yakka dalagan itti to'atan**

## 8-301 Mana hidhaa ijoollee yakka dalaganii kaawuntii Heenipiinitti (JDC) ulaagaa iddoo qabuuf barbaachisu

(10/07/08)

(A-D)

Manni hidhaa ijoollee yakka dalaganii kaawuntii Heenipiin (JDC) ijoollee umrii 10 hanga 17 jiran haaldureewwan armaan gadii keessaa tokko ykn isaa ol yoo jiraatan simata:

- Ijoolleen balleessaawwan arman gadii keessa tokkoon yoo imataman:
  - Ta'ii kamuu du'aan nama gahe
  - Haleellaa ( Sadarkaa 1ffaa, 2ffaa ykn 3ffaa)
  - Haleellaa sadarkaa 4ffaaf Poolisiin odeeffannoo meedikaalaa Kilinika ykn hospitaalarraa yoo gaafatate
  - Haleellaa sadarkaa 5ffaa mana keessatti raawwatamee
  - Haleellaa saalaa sadarkaa 1ffaa hanga 4ffaa yakkaan gaafachiisu
  - Saamicha hamaa yk salphaa
  - Butuu ykn hidhaa seera qabeessa in taane
  - Ta'e jedhanii dhuka'aawwan, boombiifi molotoov kookteel fayyadamuun bakka daldalaa, bakka jireenyaa fi mana barnootaa gubuu sadarkaa 1ffaa
  - Meeshaa waraanaa qabachuu
  - Yaaddoo shororkeessumaa uumuu
  - Garaajii walitti hidhame dabalatee saamicha mana jireenyaa namni keessa jiruu ykn mana jireenyaa nama hin qabne kan manni jireenyaa akka manaatti ibsame garuu garaajee hin dabalanne.
  - Konkolaattota mootaraan Poolisii jalaa miliquu
  - Konkolaattota mootoraa hatuu (hayyama malee itti fayydamuu ykn gammachuuf oofuu hin ilaallatu)
  - Wantoota to'ataman- qabatanii argamuufi raabsuu Controlled substance - possession or distribution (Ballessaa xixiqqaa osoo hin dabalatiin)
  - Ragaa ba'aa sodaachisuu.
  - Badii DUI, Labsiin Minisootaa 169A.40 keewwata xiqqaa.3: Badiiwwan DUI gariin Certain DUI Offenses, ni hiisisa.

JDC qunnamuun ulaagaaleen armaan gadii mana hidhaa qabachuuf akka gargaaru mirkaneessuun ni danda'ama:

- Ol-adeemaa yakka olaanaa haaraan himatamee garuu ammoo sana dura yakka olaana kan biraan qoratama jira ykn beellama mana murtiirra jira yoo ta'e fi yakkichi qabeenyaafi

hanna konkolaataa motoraan al ta’e. Ol-adeemaan kun yakka cimaa haaraatiin kan himatame ta’ee, kanaan dura mana murtii ga'eessotaatti himatamee murtiin itti murtaa'eera yoo ta’e ykn dhiifamni taasifameef yoo ta’e.

- Ol adeemaan umriin isaa seeraan hanga gahutti dhaddacha gaheessaan murteen irratti darbeera yoo ta’e (EJJ), 18 gadi yoo ta’eefi himannaa haaraa yoo qabaate.
- Ol-adeemaan mana murtee irraa meeshaa elektiroonikiin mana keessatti akka hordofamu murtee darbe jala jira yoo ta’eefi yakka haaraa yoo raawwate ykn galgala manaa yoo dhabame ykn waliigalteewwan supparviizhinii mana murtiitti waliigalame yoo sarbe.
- Ola-adeemaan mana amala sirreessaa keessaa ykn bakka waldhaansaa manni murti ajaje ykn bakka hordoffii irraa yoo dhokate.
- Manni murti ajaja hidhaa yoo baase.
- Ol-adeemaan dhorkaalee kaahaman yoo sarbee fi poolisiin to’annoo raawwatee lakkoofsa RO qabaatee yeroo simatamutti yoo dhiyeesse.
- Ol-adeemaan kaawuntii Henepiiniin ala jiraata yoo ta’eefi yakka olaanaa raawwachuun yoo to’atame.
- Manni Murtii bakki turmaataa ol-adeemtotaa naga qabeessummaa dhabuun walqabatee bakka tursiisaa kaawuntii Henepin jala jiranitti akka qubatan yoo ajaje.